WA Notify Imaammata Icciitii

Imaammatni icciitii kuni appilikeeshinii WA Exposure Notifications (Akeekkachiisawwan Saaxilamummaa) COVID-19 irratti kan hojiirra oolu ta'a. Kuni teekinoolojiin akekkachiistuu saaxilamummaa seera qabeessi kan Washington Isteetis yoo ta'u, kan kalaqame/hojjatame ammoo to'annoo fi beekamtii Washington State Department of Health (Muummee Fayyaa Washington Isteetis) tiini Warm.

Odeeffaannoo maalii sassaabuun itti fayyadamna?

Kaayyoo Google fi Apple waliin walitti fiduuf, WA Exposure Notifications WA Notify (jedhamuun kan beekamu) iicciitii fayyadamtootatiif iddoo guddaa kennuuf kan kalaqameedha. WA Notify qabiyyeewwan odeeffannoo (data) kanneen sassaaba, odeeffannoo eenyummaa keessan ibsu kan of keessaa hin qabne jechuudha.

Koodiiwwan Icciitii.

- Koodiwwan icciitii bilbiloota (smartphones) WA Notify fayyadaman gidduutti karaa Bluetooth qoodama; kunis yeroo bilbiloonni kun walitti dhiyaataniidha.
- Koodiwwan icciitii kan uumamuu fi bilbila keessan irratti fe'amu WA Notify dhaanii miti.
- Koodiwwan icciitii kan gargaaru WA Notify eeyyamuu fi bilbilli keessan saaxilamummaa COVID-19 akka to'atu gochuu qofaafi.
- Koodiwwan icciitii kan kaa'aman yoo baay'ate guyyoota 14.

Liinkii Mirkaneessaa

- COVID-19'n qabamtanii hojjattoonni fayyaa hawaasaa yoo isin qunnaman, WA Notify fayyadamuu fi dhiisuu keessan isin gaafatu. Ni fayyadamtu taana, WA Notify seenudhaaf liinkii mirkaneessaa isiniif kennu.
- Liinkii mirkaneessaa gaafa cuqaastan, koodiwwan icciitii keessan fayyadamtoota WA Notify isinitti dhiyoo jiraniif akka qoodamu taasisuudhaan dhibichaaf saaxilamaa akka jiran isaan akeekkachiisa.
- Namoota biroo WA Notify fayyadamoo gta'aniif qoodudhaaf liinkii mirkanessaa cuqaasuu fi dhiisuu isintu murteessa.

Akkaataa Itti Seenan/Fayyadamaa

- Akkuma tajaajila appilikeeshinii yookin intarneetii kamiyyuu, yeroo isin tajaajilicha fayyadamtan WA Notify ofiidhuma isaatiin akkaataa itti seenan uuma. Akaataan seensaa kun waa'ee bilbila keessanii odeeffannoo muraasa ni hammata. Odeeffannoo kana rakkoolee WA Notify waliin wal qabatan furuuf itti fayyadamna.
- Seensawwan (logs) kunneen koodiwwan icciitii yookin liinkii mirkaneessaa of keessatti hin hammatan akkasumas gosoota koodii lammanuu/biroo gara keessanitti yookin bilbila keessaniitti deebisuudhaaf itti fayyadamuun hin danda'amu.
- Seensawwan (logs) kunneen erga uumamanii guyyaa 14 booda hatattamaan haqamu.

Xinxaala Odeeffannoo (Data)

- Xinxaala (analytics) dabalataa akka hojjatu gochuu yoo filattan, appilikeeshinichi akka fooyya'uuf ida'amni odeeffannoo murtaa'aa ta'e fayyaa hawaasatiif ni ergama.
- Odeeffannoon (data) kun appilikeeshinicha akkamitti akka itti fayyadaman kan agarsiisu qajeelcha (statistics) of keessatti hamata. Odeeffannoo eenyummaa keessan ibsu kamiyyuu of keessaa hin qabu.
- Xinxaala (analytics) appilikeeshinii keessaa cufuudhaan odeeffannoo kana qooduu dhiisuu ni dandeessu.
- Yerodhuma hojjatamu, WA Notify odeeffaannoo iddoo itti argamanii (location) bilbila kee irraa hin sassaabu akkasumas odeeffannoo isin yookin bilbila keessan koodiwwan icciitii yookin koodiwwan mirkaneessaa waliin wal qabatu hin qoodu.

Odeeffannoo keessan yoom qoodna?

Liinkii mirkaneessaa keessan fedhiidhaan yoo galchitan malee, fedhii keenuan odeeffannoo keessan kamiyyuu hin sassaabnu yookin qaama biroof hin kenninu. Koodii mirkaneessituu yoo galchitan, WA Notify koodiwwan icciitii keessan bilbila nama biraa kan naannoo keessan tureef ni qooda jechuudha. Liinkiin mirkaneessaa nama bilbila keessan argachuu hin dandeenyen gara keessanitti deebi'ee isin waliin wal qunnamuu hin danda'u.

Odeeffannoo keessan akkamitti eegna?

WA Notify koodiwwan icciitii kan eegu/ittisu Exposure Notification Framework (Bu'uura Akeekkachiistuu Saaxilamummaa) Google fi Apple's fayyadamuudhaani, kunis kan of keessatti hammatu ulaagaa addaa akkamitti barressan (encript) fi dabarsan agarsiisudha. WA Notify koodiwwan icciitii keessan hin kuusu yookin hin uumu— bilbilli keessan garuu ni kuusas ni uumas.

Mirga odeeffannoo keessan irratti qabdan

Bilbila keessaniin malee karaan ittiin liinkii mirkaneessaa yookiin appii seensa fayyadamaa (app use logs) isinii waliin wal qunnamsiifnu waan hin jirreef, odeeffannoo kana akka isinii kenninu yookin balleessinu yoo gaafatan nageenya isaa eegun nu rakkisa. Fayyadama WA Notify kan to'atu isini. Bilbilli keessan akeekkachiistuwwan saaxilamummaa dhaamsuuf yookin yeroo kamittuu akkaataa seensaa (logs) saaxilamummaa bilbila keessan irratti kuufame akka badu gochuu qaba. Dabalataan, yeroo kamittuu WA Notify balleessuu ni dandeessu. Yoo akkas gootan, koodiwwan kuufaman hundinuu ni badu.